Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Yaaqob isa gowwoomsituu

Kan barreeffame: Edward Hughes
Kan ibsame: M. Maillot; Lazarus
Kan dagaagsame: M. Kerr; Sarah S; Alastair Paterson
Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia
Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

BFC
PO Box 3
Winnipeg, MB R3C 2G1
Canada
©2021 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.



Waaqayyo gara maatii keessaniitti mucaa ergee beekaa? Akkam nama gammachiisa! Yisihaaqii fi Ribqaan gammachuu dacha argatan. Waaqayyo ijoollee lakkuu isaaniif kennuuf jira.

Daa'imman lachuu garaa Ribqaa keessatti wallaansoo wal qaban. Isheen yeroo kadhatte, ilmaan ishee lachuu saba lama akka hoogganan, inni quxisuun daran guddaa ta'uuf akka jiru Waaqayyo isheetti dubbate. Yeroo baay'ee inni hangafni guddaa ta'a. Dhuma irratti daa'imman sun ni dhalatan.

3

Lakkuun sun wal hin fakkaatan. Eesawu, inni hangafni, rifeensa hedduu qaba, adamsituu dandeettii qabu ta'ee guddate. Yaaqob rifeensa hedduu hin qabu, naannoo manaatti hojjechuu jaallate.

4

Yisihaaq abbaan isaanii Eesaawuun daran jaallata ture. Haati isaanii immoo Yaaqobiin caalchisti turte.



5

Guyyaa tokko, Eesawu baay'ee beela'e. Yaaqobiin, "Nyaata naaf kenni" jedhe. Yaaqobis, "Hangafummaa kee natti gurgurikaa" jedheen. Eesawu kakuu Waaqayyo hangafaaf qabuttii dhimma hin qabaanne. Yaaqob waliin mari'ate. Amma yeroo abbaan isaanii du'u Yaaqoobtu maatii sana hooggana jechuudha.

6

Waaqayyo galgala tokko Yisihaaqitti dubbate. "Ani Waaqa abbaa kee Abrahaam. Ani si waliinan jira. Ani sanyii kee nan eebbisa." Yisihaaq Waaqayyoon Waaqeffatullee, Eesawu ilmi isaa durboota Heetotaa warra Waaqayyoon hin beeknee lama fuudhe.



7

Yisihaaq ni dulloome. Inni Eesawuun, "Maaloo foon naaf fidi" jedhe. "Isa booda sin eebbisa." Eebbi addaa kun eebba abbaan ilma isaa isa hangafa eebbisu ture. Eesawuun adamsuuf ariifatee manaa ba'e. Ribqaan garuu sana dhageesse. Isheen akka Yaaqob eebbifamu barbaadde.

8

Ribqaan karoora qabdi turte. Daftee nyaata Yisihaaq jaallatu hojjette, Yaaqob immoo uffata Eesawu uffate, harkaa fi morma isaa immoo gogaa rifeensa qabu itti uffate. Yisihaaq haalaan hin argu. Tarii isaan ni isa gowwoomsuu malu.

9

Yaaqob nyaaticha Yisihaaqiif fide. "Sagaleen kee kan Yaaqob fakkaata; harki kee garuu kan Eesaawu fakkaata" jedhe Yisihaaq. Nyaaticha erga nyaatee booda, ilmi isaa isa dura jilbeeffannaan Yisihaaq isa eebbise.



10

Akkuma Yaaqob isa biraa ba'een, Eesawu gara Yisihaaq dhufe. "Nyaanni ani siif fide kunooti" jedheen. Yisihaaq akka gowwoomfame bare. "Ani eebbicha jijjiiruu hin danda'u" jedhee iyye. Lapheen Eesawu jibbaan guutame. Yaaqobiin ajjeesuufis murteesse.



11

Ribqaan doorsisa Eesawu dhageesse. Yaaqobiin, "Hanga obboleessi kee waan ati hojjette kana irraanfatutti, gara mana eessuma kee deemi" jette. Yisihaaq mucaan isaa Yaaqob maatii haadha isaa keessaa haadha manaa akka barbaaddatu itti walii gale. Kanaaf Yaaqob manaa ba'ee deeme.



12

Galgala sana, Yaaqob dhagaa boraafatee rafe. Tarii qofaa isaa ture, tarii sodaateera. Garuu qofaa isaa hin turre. Waaqayyo abjuu ajaa'ibsiisaa keessaan isatti dubbate.



13

"ANI WAAQA ABBOOTA KEE ABRAHAAMII FI YISIHAAQIDHA. ANI SI WAJJINAN JIRA. LAFA KANA SIIFAN KENNA. MAATII KEE IRRAA KAN KA'E MAATIIN ADDUNYAA IRRAA HUNDINUU EEBBIFAMUUF JIRU." Waaqayyo erga dubbatee booda, Yaaqob hirribaa dammaqe. Ni sodaate.



14

Eessumni Yaaqob, Laabaan isa simate. Yaaqon intala eessuma isaa kan turte Raaheliin jaallatee, ishee fuudhuuf waggoota tirba Laabaaniif hojjete. Garuu, halkan gaafa cidha isaanii, Laabaan

Yaaqoobiin sossobe.

15

Yaaqob, "Kun Liyaadha malee Raahel miti" jedhee komate. "Ati na gowwoomsite." Laabaan, "Durbi isheen hangafni dursitee heerumuu qabdi" jedhe. "Ammas waggoota 7 dabalii naaf hojjedhuu Raaheliin fuudhi." Yaaqob itti walii gale. Tarii ofii isaayyuu Yisihaaqii fi Eesawuun akka gowwoomse yaadate.



16

Yaaqob ijoollee dhiiraa kudha tokko godhate. Waggoota booda maatii isaa gara Kana'aanitti fudhachuu barbaade. Maatiin (warri) isaa achi turan.



17

Garuu Eesawu inni isa ajjeesuuf dhaadates achuma ture. Sun naga qabeessa turee? Guyyaa tokko Waaqayyo akka inni deebi'u isatti dubbate. Yaaqob gara manaatti deebi'uuf maatii fi horii isaa walitti qabate.

18

Adeemsa akkamii ture. Eesawu Yaaqobiin simachuuf namoota dhibba afur waliin dhufe! Yaaqobiin garuu hin mine. Fiigee Yaaqobiin simate, ni haammates. Yaaqobii fi Eesawu deebi'anii michoota ta'an, Yaaqobis nagaadhaan gale.



19

Yaaqob isa gowwoomsituu

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera Uumamaa 25-33

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

20

Xumurameera

6

60

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16